# Waan Rabbii fi ebalu fedhe hin jedhinaa, garuu akkana jedhaa: Waan Rabbiin fedhe, eegasii waan ebalu fedhe

Hudheyfaa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: "Waan Rabbii fi ebalu fedhe hin jedhinaa, garuu akkana jedhaa: Waan Rabbiin fedhe, eegasii waan ebalu fedhe".

[Karaaleen isaa yoo walittiqabame sahiiha] [abuu daawudii,odeesse. nsaa'iinis kubraa keessatti odeesse, ahmadis odeesse]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Muslimni tokko haasaa isaa keessatti akkana jechuu irraa dhoorgan: “Waan Rabbii fi ebalu fedhe", Yookaan Waan Rabbii fi ebalu fedhe; Sababni isaas fedhiin Rabbii guutuu namni tokkolleen Isa waliin hin qooddanne waan ta'eef jecha. Qubee “waaw” fayyadamuun namni biraa Rabbiin waliin qooda qabaachuu fi walqixxummaan akka gidduu isaan lameenii jiru agarsiisa. Garuu akkas haa jedhu: waan Rabbiin fedhe, eegasii ebalu fedhe, "Fi" fayyadamuu dhiisee "eegasii" fayyadamuun Fedhiin gabrichaa fedhii Rabbii jala kan deemtu taasisuudha qaba; sababni isaas "eegasii" jechuun wanni booda irra dhufu waan dura dabre irraa xiqqoo turee dhufuu waan fayyadduuf jecha.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee